

Ergaa gabaabaa mata dureen isaa:

«كَيْفَ أَدْخُلُ فِي الْإِسْلَامِ؟»

Gara Afaan Oromootti hiikame | اللغة الأورومية

AKKAMITTAN ISLAAMA SEENA?

Koree Mahad Sunnah tiin kan sakatta'ame,
to'annoo beekumsaa jalatti:

SHEEKH DR. HAYTHAM SARHAAN

(Barsiisaa Masjiida Nabiyyii ﷺ)

sarhaan.com – mahadsunnah.com

Maxxansa jalqabaa

Qabiyyee ergaa kanaa osoo hin jijjiirin, Muslimni hundi maxxansuu fi
raabsuu ni danda'a.



“Akkamittan Islaama seena?” kitaaba gabaabaa ragaa irratti hundaa’ee, kan Sheekh Dr. Haytham Sarhaan (Rabbiin isa haa eegu) qopheessedha. Dhimmoota Islaamaa barbaachisoo gaaffii fi deebiin ibsa.

Kan keessatti mari’atamu: Islaama seenuu fi akkamitti Muslimni ta’an; erga Islaama seenanii maal gochuu qaban; akkasumas wantoota barbaachisoo Muslimni haaraan suuta suutaan barachuu qabu.

Gaaffii	Deebii
Islaama seenuun salphaadhaa?	Eeyyee. Nama gidduu seenu yookaan sirna addaa hin barbaachisu.
Islaama seenuuf ariifadhu moo yeroo mijataa fi rakkoo koo furamutti haa eegu?	Dafanii jalqabuun barbaachisaadha; Islaama seenuu tursiisuun miidhaa fiduu danda’a. Yeroo kamiyyuu du’uun ni danda’ama. Islaama seenuun daldala bu’aa qabu fakkaata; hamma dafanii jalqabanitti bu’aan isaa ni caala.
Namni Islaama seenuu barbaadu maal gochuu qaba?	Shahaadaa lamaan qofa dubbachuu qaba: “Ash hadu alla ilaha illa Allah, wa ash hadu anna Muhammadan abudhu wa rasuluhu.” Hiikni isaa: “Rabbiin (Allaah) malee dhugaan kan gabbaramu hin jiru; Muhammadis gabricha Isaa fi Ergamaa Isaa ta’uu isaa nan ragaa ba’a.”
Afaan kamiin dubbachuu qaba?	Afaan sirriitti beeku kamiinuu dubbachuu ni danda’a; Afaan Arabaa ta’uun dirqama miti.
Hiika isaa osoo hin hubatin dubbachuu ni danda’aa?	Lakki. Hiika isaa hubachuu, waan inni of keessatti qabutti amanuu fi isa irratti hojjachuun barbaachisaadha.
“Ash-hadu” (ragaa nan ba’a) jechuun maal jechuudha?	Onneetiin beekke amanuu, arrabaan dubbachuu fi qaamaan hojiitti hiikuu jechuudha.
“Laa ilaaha illallaah” jechuun maal jechuudha?	Rabbiin (Allaah) malee dhugaan kan gabbaramu hin jiru jechuudha.
“Muhammad abduhu wa rasuluhu” (Muhammad gabricha Isaa fi Ergamaa Isaa) jechuun maal jechuudha?	Inni gabricha Rabbii ti; gabbaramuu hin qabu. Ergamaa Rabbii tis; sobsiifamuu hin qabu. Ragaa kana irraa wanti barbaachisu: waan inni dubbate amanuu, waan inni ajajeef ajajamuu, waan inni dhoowwee fi irraa akeekkachiise irraa fagaachuu, Sunnah isaa hordofuu fi fakkeenya isaa fudhachuudha.



Gaaffii	Deebii
Sirriitti hubadheera. Amma maal godha?	Na duukaa irra deebi'ii jedhi: "Ash hadu alla ilaha illa Allah, wa ash hadu anna Muhammadan abudhu wa rasuluhu." Hiikni isaa: "Rabbiin (Allaah) malee dhugaan kan gabbaramu hin jiru; Muhammadis gabricha Isaa fi Ergamaa Isaa ta'uu isaa nan ragaa ba'a."
Amma ani Muslimadhaa?	Eeyyee, alhamdulillaah (faaruun hundi kan Rabbii ti). Kun tola Rabbii siif oole keessaa isa tokko.
Akka Muslimaatti maal na gorsita?	Rabbiin amantii Isaa irratti si jabeessu akka siif kadhatu; hiriyoote gaggaarii kana irratti si gargaaran filadhu; Islaama baradhu. Hanga amantaan kee jabaatutti, yoo barbaachise Islaama seenuu kee dhoksi; yoo Rabbiin fedhe.
Du'aan (kadhannaan) caalaan maali?	"Karaa qajeelaatti nu qajeelchi." (Qur'aana 1:6)
Zikriin (yaadannaan Rabbii) salphaan maali?	"Bismillaah" (maqaa Rabbiitiin) jechuu dha. Masjiidaa fi mana seenuu fi keessaa bahuu, Qur'aana dubbisuu, mana fincaanii seenuu dura, uffata baasuu dura, wuduu'a godhachuu dura, nyaachuu fi dhuguu dura, akkasumas haala biraa keessatti ni jedhama.
Cubbuu ani Islaama seenuu koo dura hojjadheef maal ta'a?	Islaamni cubbuu isa dura ture ni haqa; mirga namootaa garuu abbootii mirgaatiif deebisuun dirqama.
Shahaadaa ergan dubbadhee booda maal gochuun na barbaachisa?	Qaama kee guutuu dhiqadhu.
Maaliif dhiqannaa qulqullinaa godha?	Tokkoffaa, Muslimni "Maaliif?" jechuu mannaa "Dhageenyee ajajamne" jedha (Qur'aana 24:51 keessatti akka ibsametti). Lammaffaa, akkuma keessaa qulqulloofte, qaama kee alaa dhiqachuun qulqulleessuuf.
Tole, akkamittan dhiqadha?	Onnee keessatti dhiqachuuf niyyaa godhi; "Bismillaah" jedhi; achiis qaama kee guutuu bishaaniin ga'i.
Dhiqannaa booda maaltu dhufa?	Yeroo salaataa yoo ga'e, yoo Rabbiin fedhe ni salaatta.
Jechootaa fi gochoota salaataa sirriitti waan hin beekneef salaanni natti ulfaata.	Islaamni amantii salphinaati malee rakkinnaa miti; alhamdulillaah.



Gaaffii	Deebii
Akkamittan salaata?	Mahad Sunnah marsariitii yookaan YouTube irratti barachuu itti fufi. Viidiyoowwan akkaataa salaataa barsiisan ilaali; afaanota hedduun ni argamu. Hidhattoonni dhuma ergaa kanaa irratti jiru.
Salaata booda maal barachuu qaba?	Utubaalee Islaamaa shanan, kan Islaamni irratti ijaarame, baradhu. Itti aansuun utubaalee iimaanaa fi wantoota Islaamummaa fi iimaanni kee sirrii ta'uuf si barbaachisan tartiibaan baradhu.
Islaama barachuuf marsariitii kam na gorsita?	MahadSunnah.com, Youtube.com/@MahdSunnah fi Sarhaan.com nan gorsa. Hidhattoonni dhuma ergaa kanaa irratti jiru.
Firoota fi maatii koo Muslimoota hin taane akkamitti waliin jiraadha?	Akkuma Nabiyyiin ﷺ warra Muslimoota hin taane waliin jiraatanitti isaan waliin jiraadhu. Inni dubbii, amala fi gocha isaatiin gara Islaamaatti isaan waame.
Islaama seenuu nan barbaada; garuu warra jaalladhu itti himuun na sodaachisa. Maal godhu?	Namni Islaama seene nama kamittiyyuu Islaama seenuu isaa himuun isa irratti dirqama miti. Islaama seenuun isaa isaafi Rabbii isaa gidduu jira.
Kitaabni Islaama keessatti hundarra caalu kami?	Kitaabni hundarra caalu Qur'aana; inni dubbii Rabbii ti.
Suuraan Qur'aanaa hundarra barbaachisaan kami?	Suuraan hundarra barbaachisaan Al-Faatihaa (suuraa 1) dha; kanaaf rak'aa salaataa hunda keessatti ni dubbifama.
Aayanni Qur'aanaa hundarra guddaan kami?	Aayanni hundarra guddaan Aayatul Kursiyyii dha (Qur'aana 2:255).
Akkamittan Qur'aana dubbisuu danda'a?	Qur'aana barachuu fi qara'a isaa dhaggeeffachuudhaan; fakkeenyaaf qara'a Sheekh Al-Hudhayfii, Sheekh Al-Husarii fi kanneen biroo.
Akkamittan Qur'aana hubadha?	Kitaabota tafiiraa (hiika Qur'aanaa) ulamaa'ota Islaamaa beekamoo ta'aniin barreeffaman dubbisuudhaan hubachuu dandeessa.
Tafiira Qur'aanaa eessaa argachuu danda'a?	Madiinaa keessatti dhaabbata Qur'aana maxxansu daawwachuun si gorsa.
Qur'aana booda maal dubbisuun na gorsita?	Hadiisota dhugaa Nabiyyii ﷺ dubbisuun si gorsa.
Kitaabni hadiisota Nabiyyii irratti hundarra caalu kami?	Kitaabni hadiisaa hundarra caalu fi sirrii ta'e "Sahiih Al-Bukhaarii" dha. Ummatni Muslimootaa isa fudhateera; ulamaa'onni kabajamoonis isa dinqisiifataniiiru. Hidhattoota dhuma ergaa kanaa jiran ilaali.



Gaaffii	Deebii
Sunnah Nabiyyii ﷺ keessatti hadiisni hundarra barbaachisaan kami? Islaama barachuu hin danda'u jedhee nan sodaadha.	Hadiisa Jibriil, kan sadarkaalee amantii sadeen — Islaama, Iimaana fi Ihsaana — ibsuudha. Hin sodaatin. Rabbitti irkadhu; Rabbiin tattaaffii kee keessatti si gargaara. Islaamni salphaadha. Rabbiin waan Inni jaallatuu fi itti gammadu hojjachuuf si haa milkeessu. Mahad Sunnah keessatti kaffaltii malee, fageenya irraa barachuu dandeessa (hidhattoonni dhuma ergaa kanaa irratti jiru). Dhumarratti jecha Nabiyyii ﷺ kana si gorsa: “Waan si fayyadu irratti carraaqi; Rabbirraa gargaarsa barbaadi; abdii hin kutatin.”



Hidhattoota barbaachisoo:

Mahad Sunnah:



Facebook:



Telegram:



Instagram:



X (Twitter):



WhatsApp:



YouTube:



Kitaabota buufachuu:

